Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti
Biiroo maallaqaa fi walta'iinsa Diinagdee
The National Regional Government of Oromiya
Bureau of Finance and Economic Cooperation

በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት መስተዳድር
የገንዘብ እና ኢኮኖሚ ትብብር ቢሮ

Lakk 01/154/1631
ቁጥር
Ref. No.

Guyyaa 28/06/2014
ቀን
Date

**Mootummaa Naannoo Oromiyaatti**

1) Waajjira Caffee
2) Waajjira Pirezidaantii;
3) Mana Murtii Waligala
4) Mana Hojii Oditii Mumichaa
5) Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa;
6) Biiroo Qonnaa;
7) Biiroo Misooma Magaalaafi Manneenii;
8) Biiroo Maallaqaa;
9) Biiroo Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa;
10) Biiroo Barnootaa;
11) Biiroo Fayyaa;
12) Biiroo Bulchiinsaafi Nageenyaa;
13) Biiroo Bishaaniifi Inarjii;
14) Biiroo Lafaa;
15) Biiroo Daandiiwwaniifi Loojistiksii;
16) Biiroo Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa;
17) Biiroo Misooma Jallisiifi Horsiisee Bulaa;
18) Biiroo Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaa;
19) Biiroo Kominikeeshinii;
20) Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa;
21) Biiroo Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa;
22) Biiroo Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii;
23) Biiroo Aadaafi Turizimii;
24) Biiroo Investimantii fi Industirii;
25) Biiroo Galiiwwanii;
26) Biiroo Dargaggoo fi Ispoortii;
27) Komishinii Karooraa fi Misoomaa;
28) Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa;
29) Komishinii Hoogganssa Sodaa Balaa fi Kaafamtoota Misooma
30) Komishinii Turiizimii;
31) Komishinii Poolisii Oromiyua
32) Komishinii Manneen Sirreessaa;
33) Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo;
34) Abbaa Taayitaa Saayinsiifi Teknolojii;
35) Abbaa Taayitaa Konistiraakshinii;
36) Abbaa Taayitaa Misooma Albuudaa;
37) Abbaa Taayitaa To'annoo Galteewwanii fi Oomisha Qonnaa;
38) Ejensii Babal'ina Waldaalee Hojii Gamtaa;
39) Ejensii Geejjibaa;
40) Ejensii Galmeessa Siivilii;
41) Ejensii Bittaa fi Dhabamsiisa Qabeenyaa;
42) Inistiitiyuutii Qorannoo Qonnaa;
43) Inistiitiyuutii Pilaanii Magaalotaa;
44) InistiitiyuutiiQorannoo fi Qo'annoo Oromoo;
45) Waajjira Milishaa;
46) Giddugala Aadaa Oromoo.
47) Abbaa Taayitaa Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa;
48) Ejensii Mirkaneessa Gahumsa Ogummaa;
49) Kolleejjii Poolisii Oromiyaa;
50) Inistitiyuutii Leenjii fi Qorannoo Seeraa
51) Oromiyaa Biroodkaastiingi Neetworki

**Adaamaa**

52 **Yunivarsiitii Naannoo Oromiyaa;**

**Baatuu**

**Biiroo/Waajjira/Ejensii/Komishinii/Institiyuutii/A/Taayitaa/Universiitii/Oromiyaa hundaatiif**

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Biiroo Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee
The Regional Gov't of Oromia Bureau of Finance and Economic Cooperation

☎ 0115-150437/0115-527306/0115-516774/0115-155182 E-mail-obofed@ethionet.et ✉ 669/1110
Fax 251-0115 510098/553-07-85 5510429/5152328 www.oromiabofed.gov.et
Finfinnee ፊንፊኔ አ.አ (A.A)

Dhimmi: **Qajeelfama Bittaa fooyya'ee bahe isinii erguu ilaala.**

Biiroo/Waajjira/Ejensii/Komishinii/Institiyuutii/A/Taayitaa/Universiitiin keessan "Qajeelfama Sirna Bittaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebii'idhaan fooyeessuf bahe. Lak.FA-01/2009 "bu'uura godhachuudhaan bittaa raawwachaa jiraachuun isaa ni beekama. Haata'u malee, sababii qaala'iinsa gabaa yeroo ammaa jiru irraa kan ka'e, Qajeelfama Sirna Bittaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa amma hojiirra jiru bu'uura godhachuudhaan bittaa raawwachuun rakkisaa akka ta'e hubatamee jira. Sababii kanaaf, Bittaa Mootummaa irratti fooyya'iinsa daangaa maallaqaa gochuun barbaachisaa ta'ee waan argameef, Biiroon keenya Labsii Sirna Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenya Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Lakk. 157/2002 keewwata 65(2) irratti hundaahuun Qajeelfamicha fooyyessee baasee jira.

Kanaafuu, qajeelfama haaraa Biiroo keenyaan bahe **(Qajeelfama Sirna Bittaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe, Lakk. 26/2014)** fuula 03 xalayaa kanaan walqabsiisnee kan isinii ergine ta'uu isin hubachiisaa, manni hojii keessan kana hubatee akkaataa Qajeelfama bittaa irraa deebiin fooyya'ee bahe kanaan bittaa mootummaa akka raawwatu isin beeksisna.

**Nagaa Wajjin.**

Tasfaayee Camadaa Baayyisaa
I/A/Ho/Biiroo

Biiroo Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
The Regional Gov't of Oromia Bureau of Finance and Economic Cooperation

**GG**

- Hogganaa Biirootiif
- Damee Bittaa, Faayinaansii fi Bul. Qab. Naannootiif
- Daar. Bittaa fi Bul. Qab. Naannootiif
- Daar. Inispeekshinii Naannoo
- Daar. Tajaajila Seeraa Biiroo Keenyatiif

**BMO**

## Qajeelfama Sirna Bittaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiidhaan fooyyeessuuf bahe. Lakk. 26/2014

Qaala`iinsa Gabaa bara **2009- 2014tti** jiru bu`uura godhachuun yeroo ammaa Qajeelfama Sirna Bittaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa duraan ture raawwii bittaa keessatti rakkoo guddaa ta`ee Manneen hojii Mootummaa irraa fooyyaa`iinsi daangaa Maallaqaa mala bittaa jiranii akka taasifamuuf dhihaachaa jira.

Biiroon akkaataa Labsii Sirna Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenya Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteesuuf Bahe Lakk. 157/2002 keewwata 65(2) tiin Qajeelfama kana fooyyeesse baasee jira.

### Kutaa Tokko

### Tumaalee Waliigalaa

1. <u>**Mata Duree Gabaabaa**</u>

Qajeelfamni Kun"Qajeelfama Raawwii Bittaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiidhaan fooyyaa'ee bahe Lakk 26/2014 jedhamee waamamuu ni danda`a.

2. **Fooyya`insa**

Qajeelfama Raawwii Bittaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. **02/2004 akka armaan gadiitti fooyya'eera.**

1) **Keewwatni 19 (2) haqamee Keewwata 19 (2) haaraan bakka bu`ee jira.**

**19(2)** Labsii keewwata 48 keewwata xiqqaa 1 irratti haalawwan ibsaman akkuma eegametti ta'ee Mala Bittaa Caalbaasii Ifaa addunyaa kan raawwatamuu danda'u daangaan maallaqa bittaa kan armaan gaditti ibsamee ol yommuu ta'uu dha.

a.Bittaa Damee Ijaarsaatiif qr. 600,000,000.00 ol
b.Bittaa Meeshaatiif qr. 200,000,000.00 ol
c.Bittaa Tajaajila Gorsaatiif qr. 30,000,000.00 ol
d.Bittaa tajaajila Birootiif qr. 84,000,000.00 ol yoo ta'edha.



Biiroo Maallaqaa fi Misooma Diinagdee
Mana Galmee
መዝገብ ቤት
Archive
የገንዘብና የኢኮኖሚ ልማት ቢሮ

**2) Keewwatni 26(4) haqamee keewwata 26(4) haaraan bakka bu`ee jira.**

**26(4)** Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 irratti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee labsii keewwata 39 keewwata xiqqaa bu'uureffachuun mala bittaa caalbaasii murtaa'aa fayyadamuun kan danda'amu Bittaa meeshaa, Bittaa tajaajilaa ,Bittaa tajaajila gorsaa fi Bittaa ijaarsaa daangaa maallaqaa isaa akka armaan gadiitti fooyya`eera,

| Gosa Bittaa | Daangaa Maallaqaa Bittaa Caal-baasii Murtaa`aan raawwatamu (Qarshiidhaan) caaluu hin qabu | | |
|---|---|---|---|
| | Sadarkaa Naannootti | Godinaa fi Bulchiinsa Magaalaa itti Waamamni isaanii Naannoof ta`e. | Aanaa fi Magaalaa itti Waamamni isaanii Godinaaf ta`e. |
| a. Bittaa ijaarsaatiif hanga qarshii | 10,000,000 | 8,000,000 | 6,000,000 |
| b. Bittaa meeshaatiif hanga Qarshii | 2,400,000 | 2,000,000 | 1,600,000 |
| c. Bittaa Tajaajila gorsaatiif hanga Qarshii | 1,400,000 | 1,200,000 | 1,000,000 |
| d. Bittaa tajaajila birootiif hanga Qarshii | 2,000,000 | 1,500,000 | 1,000,000 |

**3) Keewwatni 27(2) haqamee Keewwata 27(2) haaraa bakka bu`ee jira.**

**27(2)** Bittaa dhiyeessa gatiitiin raawwataman koree ragaasiftuu caalbaasiitti dhiyeessuun osoo hin barbaachisiin ittigaafatamaa ol'aanaa mana hojichaa tiin ykn bakka bu'iinsa inni kenne irratti hundaahuudhaan akka ragga'u godhamee bittaa raawwachuun ni danda'ama.

| Gosa Bittaa | Daangaa Maallaqaa Bittaa ittiin Dhiyeessa gatiin raawwatamu (Qarshiidhaan) caaluu hin qabu | | |
|---|---|---|---|
| | **Sadarkaa Naannootti** | Godinaa fi Bulchiinsa Magaalaa itti Waamamni isaa Naannoof ta`e. | Aanaa fi Magaalaa itti Waamamni isaanii Godinaaf ta`e. |
| a. Bittaa dame ijaarsaatiif hanga Qarshii | 1,000,000 | 600,000 | 400,000 |
| b. Bittaa meeshaatiif hanga Qarshii | 400,000 | 250,000 | 200,000 |
| c. Bittaa Tajaajila gorsaatiif hanga Qarshii | 220,000 | 150,000 | 120,000 |
| d. Bittaa tajaajila birootiif hanga Qarshii | 300,000 | 200,000 | 150,000 |



Biiroo Maallaqaa fi Misooma Diinagdee
Mana Galmee
Archive

**4) Keewwatni 28(8) haqamee Keewwata 28(8) haaraa bakka bu`ee jira..**

**28 (8)** Akkaataa Labsii keewwata 41 keessatti ibsameen irraa kan hafe qaamni bittaa raawwatu dhiyeessaa tokko irraa bittaa raawwateef waliigaltee mallatteessu qaba. Akkasumas,akkaataa labsii bittaa keewwata 41 keewwata xiqqaa 2 bu'uureffachudhaan qaamoleen bittaa raawwatan bittaawwan karooraan hin hammatamiin gatiin isaa qarshii 10,000 (kuma kudhan) hin caallee Mana hojii tokkoof bittaa kallattiin dhiyeessaa kamiyyuu irraa raawwachuu ni danda'u. Haa ta'u malee bittaa xixiqqaan haala kanaan raawwatamu bara bajataa tokko keessatti mana hojii tokkoof ida'amni isaa **Sadarkaa Naannootti** Qarshii 150,000.00 (kuma Dhibba tokkoo fi kuma shatama qofa) Sadarkaa Godinaa fi Bulchiinsa Magaalaa itti Waamamni isaa Naannoof ta`e Qarshii 120,000 (kuma Dhibba tokkoo fi kuma digdama) Sadarkaa Aanaa fi Bulchiinsa Magaalaa itti Waamamni isaanii Godinaaf ta`e Qarshii 100,000 (kuma Dhibba tokko) caaluu hin qabu.

**3. Seeroota Raawwatiinsa Hin Qabne**

Qajeelfamaa fi barmaatileen hojii qajeelfama kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimma qajeelfama kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**4. Aangoo Qajeelfama Fooyyeessuu**

Biiroon barbaachisaa ta'uu yoo amane qajeelfama kana fooyyessuu ni danda'a.

**5. Yeroo Qajeelfamni Hojiirra Oolu**

Qajeelfamni kun guyyaa 12/06/2014 irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a.

**Tolasaa Gaddafaa**

**Hoogganaa Biiroo Maallaqa Oromiyaa**

**Muddee, 2014**

**Finfinnee**

Biiroo Maallaqaa fi Misooma Diinagdee
Mana Galmee
Archive